# Ergaa Phawuloos Gara Worra Qolosaayisii Erge

## Seensa

Ergaan tun wolde'a kiristaanaa ka qachaa Qolosaayisii keessa jiruuf barreeffante; Qolosaayisii ardii Asiyaa diqqaa keessatti qachaa Efesooniitiin gara baya adu'uutitti dhaggama. Wolde'i kiristaanaa kun Phawuloosiin ijaaramuu dhabulle, Efesoonii qachaa guddicha Asiya'aa, ka bulchiinsa Rooma'aa jala jiru irraa ergantoota Wongeelaa waan bobbaaseeruuf, Qolosaayisiifille itti gaafatamummaa qabaayyu. Wolde'a kiristaana Qolosaayisii keessa barsiisoti dharaameyyiin, «Waaqa beekiisaa fi fayyinna guutuu dhaggatiisaaf nami tokko tokkonuu hunnootaa fi baallota ayyaanaatiif sagaduu qaba» jedhanu akka jiranu Phawuloos dhage'eera. Wonni barsiisoti tun jettu ta biraa, «Nami tokko tokkonuu waan akka haqanqabaa qabatiisaatii fi seera sagale'eetii fi waan biraa eegatuu qaba» jetti.

Phawuloos ergaa kiristaanaa dhugicha dhikeessiisaan, barumsa isaanii dharicha mormiisaaf ergaa tana barreesse. Deebiin inni dhikeesse keessaa gugurdoon, «Yesuus Kiristoos fayyinna guutuu kenna; dhugeeffanna'aa fi hujiin dhibiin tun isa irraa fageessiti» ka jedhu. Waaqi Kiristoosiin biyya lafaa dade; karuma isaatiin gara ifii deebisee fida; biyyi lafaa Kiristoositti

gadha'aan dhugeeffatiisa qofaan addii fayyiisaa qabaatti; akka kanaan barumsi guddaan kun jiruu dhugeeffattootaa keessatti hujii irra ooliisaaf akka dande'u hubachiisa.

Ergaa tana Phawuloos irraa fuudhee, gara Qolosaayisii akka geessuuf, Tikiqoosii ergame woliin ka jiru Oneesimoos akka te'e ilaaluun bu'aa qabeessa. Phawuloos marroo garbicha Oneesimoos jedhamee kana kaasee, ergaa dhibii Filimoona'aaf barreesseera.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1-8*

Akeekaa fi hujii Kiristoosii *1:9—2:19*

Jiruu haareya karaa Kiristoosiitiin *2:20—4:6*

Yaada buufataa *4:7-18*

1 Ana Phawuloosii fedha Waaqaatiin ergamaa
Yesuus Kiristoosii te'ee fi obboleessa keenna Ximootewoos irraa,
2 dhugeeffattoota Kiristoosiin woyyoontanee fi
addatantane, ka qachaa Qolosaayisii keessa jirtanuuf:

Waaqi Abbaan keenna badhaadhaa fi nageya isiniif kennu.

### *Phawuloos Worra Qolosaayisii Galateeffate*

3 Yennaa isiniif daadimannu, yennaa mara
Waaqa Abbaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii hin galateeffanna.
4 Sababille Kiristoos Yesuusitti dhugeeffatuu
keessanii fi kolbaa Waaqaa mara jaalachuu keessan dhageenneerra.
5 Jecha Waaqaa ka teete Oduun Gammadaa,
yennaa jalqaba gara keessan geette, addii isii

keessa jirtu dhageettaneertan; tanaaf dhugeef-
fanna'aa fi jaalalli keessan addii ol-gubba'atti
qophoottee, isin eegattu irratti hundootte.
6 Isin Oduu Gammadaa tana haga dhageetta-
nee fi dhugummaa badhaadha Waaqaalle guyyaa
hubattaneen jalqaddanee, Oduun Gammadaa tun
odduu teessanitti akkuma teete, biyya lafaa du-
udii keessatti midhaan buusiisaa fi guddatiisatti
jirti.
7 Ephafraas jaalatamaa ka addee teenna bu'ee
tajaajilaa addatamaa Kiristoosii te'ee fi ka nu wo-
lille'een hojjatu irraa tana barattaneertan.
8 Ayyaana Waaqaatiin isin wol jaalatiisa
keessanille inni nutti himeera.
9 Tanaaf guyyaa waan kana dhageennee jalqan-
nee, isin qaroomaa fi hubantii Ayyaanaa maraan,
beekkuma guutuu ka ittiin fedhii Waaqaa hu-
batanu akka qabaattanu isiniif daadimatiisaa fi
Waaqa gaafatiisa hin lakkinne.
10 Akka isin akka Gootta'aa maltetti le'iisaan
guutuma guutu'utti isa gammachiittanu, hujii
dansaa hujiisaan midhaan akka buuttanuu fi
Waaqalle beekiisaan ittuma guddattanu hin
daadimanna.
11 Goottaan hunna ifii ulfaata'aan, jabeenna
isiniif kennu; waan mara ossaan dande'iisaafille
ka gammaddanu isin godhu.
12 Mootummaa ifaa keessatti worra woyyicha
woliin dhaala akka qoodattanu, Waaqa Abbaa
isin geessiselle gammadaan galateeffadha'a.
13 Inni hunna dukkanaa jalaa nu fayyisee
gara mootummaa Ilma jaalatamee akka gallu

**1:7** Qol. 4:12; Film. 23

nu tolcheera.
14 Nuuti Ilma isaatiin wodannee, araara cubbuu
teennaa dhagganneerra.

### *Ol Aantummaa Kiristoosii*

15 Kiristoos Waaqa ilaan hin dhagganneef fak-
keenna dhugaamessa. Inni angafa waan dadame
maraa ti.
16 Sababilleen wonni ol-gubba'aa fi lafa irra
jiru, wonni mudhatuu fi hin mudhanne, hun-
nootii fi bulchitooti ol-gubba'aa, dura aantole'ee fi
worri baallii qabanu duudiinuu isaan dadamane.
Waaqi waan duudii karaa isaatii fi isaaf dade.
17 Inni waan duudi'iin duraa jira; wonni du-
udiin isaan wol qaqqabatee dhaabbate.
18 Inni wolde'a kiristaanaa ka nafa isaa te'eef
mata'a; waan maraan ka durse te'iisaaf, du'aa
ka'iisalle'een ka qaraatii fi ka jalqabaa ti.
19 Guutummaa waaqumma'aa Ilma isaa keessa
akka jiraattu, fedha Waaqa Abba'aa waan te'eef
tun teete.
20 Waaqi waan ol-gubbaa jirulle te'ee, waan lafa
irra jiru mara ifi woliin araarse; dhiiga Ilma ifii ka
fannoo irratti jigeen nageya buuseera.

21 Duraan Waaqa irraa fagaattanee le'aa tur-
tane; waan hantuu yaadiisaa fi hujiisaan diina
isaa teetaneertaniiyyu.
22 Amma ammoo woyyoole'ee fi qulqulloolee,
ka komiille hin qanne isin godhee fuula ifii duratti
dhikeessiisaaf, Ilmi isaa nafa namumma'aatiin
waan du'eef Waaqi ifi woliin isin araarse.

---

**1:14** Efe. 1:7 **1:18** Efe. 1:22-23 **1:20** Efe. 2:16

23 Te'uu malee dhugeeffanna'aan hundootta-
nee*, jabaattanee dhaabbachu'uun, addii karaa
wongeelaatiin dhageettane irraa hin tacho'ina'a.
Wongeelli kunille kama isin dhageettanee fi
worra biyya lafaa irra jiru maraaf lallabameeru;
ani Phawuloosille tajaajilaa wongeela kanaa
te'eera.

### *Tajaajila Ergamummaa Phawuloosii*

24 Ani amma isiniif rakkachuu kiyyaan hin
gammada; marroo wolde'a kiristaanaa ka nafa
isaa te'eelle, rakkinna Kiristoosii qoodamiisa ir-
raa waan naa dhidhate foon kiyyaan rakkatiisaan
hin guuta.
25 Jecha Waaqaa guutuma guutu'utti isiniif
mudhisiisaaf, akkuma itti gaafatamummaan naa
kennantetti ani tajaajilaa wolde'a kiristaanaa
te'eera.
26 Jechi Waaqaa kunille, dhossaa baroota
dabarane ilmaan namaa duraa dhokattee turtee,
amma ammoo kolbaa isaatitti mudhifante.
27 Waaqi dhossaa ifii ta ulfinna guutuu qaddu
tana worra Yihudoota hin te'in oddu'utti, kolbaa
ifiititti mudhisuu filateera. Dhossaan mudhatte
tunille Kiristoosii isin keessa jiru; inni ulfinna isin
dhaggattanuuf addii keessan.
28 Maarre nuuti nama maraaf Kiristoos lal-
lanna. Nami mara Kiristoosiin ka bilchaate akka
te'u, qarooma maraan nama mara hin gorsina,
hin barsiinnalle'e.
29 Tun akka teetuuf, karaa hunna jadduu Kiris-
toos kennuu, ta ana keessatti hujiisatti jirtuutiin,
ani wodhaantoo qabataa itti elowa.

* **1:23** *Hundoottanee:* Hidda naqattanee

# 2

1 Ani isinii fi worra Laa'odiiqeyaatiif, akkasuma
worra fuula kiyya hin dhaggin maraaf attam akka
elowiisatti jiru akka beettanu barbaada.
2 Akka gadhaan isaanii jajjabaatuu fi jaalalaan
wolitti hidhamanee, hubantii durummaa
addachiittuu maraa fi dhossaa Waaqaa ka te'e
Kiristoos akka beekanuuf tana godha.
3 Karri qaroomaatii fi beekkumaa marti Kiris-
toos keessa dhoffantee jirti.
4 Akka eennulle jecha dansaa fakkaatuun isin
hin sonneef ani tana jedha.
5 Ani fooniin isin woliin jiraachuu dhabulle
ayyaanaan isin woliin jira; seera dansa'aan le'uu
keessanii fi dhugeeffannaa jadduu isin Kiris-
toositti qaddanu dhaggiisatti hin gammada.
6 Yoona Yesuus Kiristoos Goottaa godhattanee,
akkuma fudhattanetti isaan le'a'a.
7 Akkuma barattanetti hidda gadi
naqadha'aatii, isatti ijaarama'aatii, dhugeef-
fannaa teessaniin jabaadha'a; galata guutee
dhangala'ulle dhiyeessa'a.
8 Akka barsiisa Kiristoosiititti adoo hin te'in,
qarummaa namaatii fi gowwoonsiisa waan tokko
ifi keessaa hin qanne, ka aadaa namaatii fi
ayyaanota gubba'aa fi lafa bulchanu irratti hun-
dayeen, eennulle akka isin hin boojine ifi ee-
gadha'a.
9 Guutummaan waaqumma'aa mijuun Kiris-
toosiin nafaan mudhattee jiraatti.
10 Isinille Kiristoosii dada ifii duudii irratti
mataa bulchiisaatii fi baallii maraa te'een, jiruu
guutuu dhaggattane.

11 Isin waan isaan jirtanuuf haqanqabaa qa-
battaneertan; haqanqabaa qabatuun keessan ku-
nille namummaa foonii cubbicha balleessiisaaf
ka Kiristoosiin te'e malee, ka harka namaatiin
te'ee moti.
12 Yennaa cuuphantane Kiristoos woliin
awwaalantane; isa wolille'een du'aa
kaataneertan; hunna Waaqaa ka Kiristoos du'aa
kaasetti waan dhugeeffattaneef, du'aa kaatane.
13 Cubbaaleyyii te'uu keessanii fi foon cubbaa-
lessi keessan sun waan haqanqabaa hin qaba-
tiniif isin worra du'eeru; amma ammoo Waaqi
Kiristoos woliin jireeyyii isin godheera; yakkaa
teessanille duudii isiniif araarameera.
14 Inni barreeffama beenya'aa* ka seera keessa
jiru, ka nu himataa nu'uun mormaa ture san
balleesseera; fannoo irralle'etti diree nu irraa
balleesseera.
15 Worra hunnaa fi baallii ayyaanaa qabu fan-
noo saniin injifatee, hidhata isaaniille hiissisee,
badhinnatti bayanee akka mudhatanu godhee itti
geerare.
16 Yoona marroo nyaataatii yookiin marroo
unto'ootii, marroo guyyaa jilaatii yookiin mar-
roo baatii laakkowu'uu, yookiin marroo Sanbata
ulfeessu'uutiif eennulle isinitti hin murin.
17 Isaan kun waan gara duraa dhufuuf akka
gaaddiddu'uu ti; dhugaan ammoo Kiristoos
keessa jirti.
18 Nami sobee ifi gadi qabiisaa fi ergantoota ol-
gubba'aa waaqonsiisaan ifi jaju, worra gatii hin
qanne akka isin hin goone ifi eegadha'a; nami

* **2:14** *Beenya'aa:* Lafa tokko tokkotti beenna'aa jedhan.

akkasii kun marroo mudhii dhagguutiif ifi saadee,
waan gatii hin qanneef yaada fooniitiin ifi jaja.
19 Nami akkasii, Kiristoosii mataa nafaa
te'eerutti qabatiisa lakkiseera; nafa duudii
mitika'aa† fi ribu'uun wolitti qassiisee ka
nyaachisu mata'a; akkasiin guddinna Waaqi
fedhu nafi guddata.
20 Eega Kiristoos woliin duutanee, ayyaanota
gubba'aa fi lafa bulchanu jalaa bilisa baatane,
maaf akka waan ka biyyaa lafaa teetaneetitti lee-
tan ree? Maaf seera,
21 «Kana harkaan hin qabin, san afaaniin hin
qabin, kaan hin tuqin!» jedhuuf ajajantan ree?
22 Kun maraa ajaja nami baasee fi barumsa na-
maa irratti waan hundayeeruuf, hujii irra ooleen
duuba bu'aa hin qabu.
23 Seeroti akkasii kun, waaqonfannaa fedha ifii,
ifi gad qabiisa dharaatii fi nafa ifii rakkisuu irratti
waan xiyyeeffatanuuf, waan qarooma qabanu
fakkaatan; karaa halchaa foonii toowatiisaatiin
ammoo gatii hin qabanu.

# 3

## *Jiruu Haareya Kiristoosiin*

1 Yoona eega Kiristoos woliin du'aa kaatane,
waan ol-gubbaa addee Kiristoos midda
Waaqaatitti tee'eeru jiru barbaada'a!
2 Marroo waan ol-gubbaa jiruu yaadadha'a
malee, marroo waan lafa irra jiruu hin yaa-
datina'a.

† **2:19** *Mitikaa:* Yookiin mikitaa

3 Isin duutaneertan; jiruun teessanille Kiristoos
woliin Waaqa keessa dhokatteerti.
4 Kiristoosiin jiruu nuuf te'e yennaa mudhatu,
isinille isa woliin ulfinnaan hin mudhattan.
5 Tanaaf halchaa le'ii lafaa ta isin keessa
jirtu: sagaagala, battummaa, fedhii sagaagalaa,
halchaa baddu'uu fi waaqota dharaa waaqonsuu
ka te'e joljoluu ijjeesa'a.
6 Sababa waan kanaatiif worra hin ajajanne
irratti mufiin Waaqaa hin dhutti.
7 Isinille yennaa worra waan akkasii huju
odduu leetanu san waan kana tolchaa turtane.
8 Amma ammoo; mufii, aarii, jallu'uu fi maqaa
wolii balleessuu mara ifi irraa balleessa'a; dub-
biin nama fokkisiittulle afaan keessan keessaa hin
bayin.
9 Namummaa dullacha hujii isaa woliin ifi irraa
baattanee waan gattaneertanuuf, dhara wolitti
hin dubbatina'a.
10 Namummaa haareyalle uffattaneertan; isiille
ta akka guutuma guutu'utti isa beettanuuf, Waaqi
isii dade fakkeenna ifiititti haaressiisatti jiru.
11 Akka kanaan worra Giriikootaatii fi worra
Yihudootaa, worra haqanqabaa qabatee fi ka
haqanqabaa hin qabatin, orma beekkichaa fi
orma gowwicha, ka bilisummaa qabuu fi ka bil-
isummaa hin qanne odduu garaa garummaan hin
jirtu; Kiristoos ammoo duudi'i, duudii keessa jira.
12 Yoona worra Waaqaaf filatantane, woyyoon-
tanee fi jaalatantane akkuma teetanetti naasuu,
arjummaa, ifi gad qabiisa, qajeelumma'aa fi os-
sata uffadha'a.

---

**3:9** Efe. 4:22 **3:10** Efe. 4:24

13 Wol dande'a; nami namatti quuqameeru
yoo jiraate, woliif araarama'a; akkuma Kiristoos
isiniif araarame, isinille woliif araarama'a.
14 Kana mara caalaa jaalala waan mara tokkum-
maa miju'uun wolitti hidhu uffadha'a.
15 Nageenni Kiristoosii, ka isin nafa tokko
te'iisaaf itti waamantane, gadhaa keessan
keessatti mowuu ti; worra galateeffatulle te'a.
16 Jechi Kiristoosii durummaa ifiitiin gadhaa
keessan keessa le'uu ti; qarooma duudi'iin wol
barsiisa'a, wol gorsa'a; faaruu adda addaa,
faaruu leellisaatii fi faaruu Ayyaantitti'iin Waaqa
gadha'aan galateeffataa faarsa'a.
17 Karaa Yesuusiitiin Waaqa Abbaa galateeffa-
taa, jechaan yookiin huji'iin waan gootanu mara
maqaa Goottaa Yesuusiitiin godha'a.

### *Seera Le'ii Maatii Kiristaanaa*

18 Haadhotii manaa! Goottaa duratti waan male
waan te'eef abbootii manaa keessaniif ajajama'a.
19 Abbootii manaa! Haadhotii manaa teessan
jaaladha'a; gadhaa jabeeyyiille itti hin te'ina'a.
20 Ijoollee! Kun waan Goottaa gammachiisu
waan te'eef, haadhaa fi abbaa keessaniif aja-
jama'aatii, waan isaan jedhanu mara godha'a.
21 Abbootii! Akka isaan addii hin kutanne,
ijoollee teessan hin aarsina'a.
22 Worri garbooma jala jirtanu! Goottolee
teessan ta lafaatiif waan maraan ajajama'a;
ila isaanii duraa fi isaan gammachiisuu qofaaf
adoo hin te'in, Goottaa sodaatiisaa fi gadhaa
qajeela'aan isaaniif ajajama'a.

---

**3:13** Efe. 4:32 **3:17** Efe. 5:19-20 **3:19** Efe. 6:1 **3:21** Efe. 6:4
**3:22** Efe. 6:5-8

23 Woma gootanu maraa namaaf adoo hin
te'in, akka waan Gootta'aaf gootanuutitti, gadhaa
tokkochaan godha'a.
24 Sababille Goottaan dhaala ol-gubba'aa gatii
tolchee akka isiniif kennu isin hin beettan; Goot-
taan isin tajaajiltanulle Kiristoos.
25 Nama woli caalchisuun Waaqa bira waan hin
jirreef, nami balleessaa huju, balleessaa ifii saniif
gatii hin dhaggata.

# 4

1 Goottole'e! Isinille ol-gubba'atti Goottaa akka
qaddanu beeka'aatii, tajaajiltoota teessan qa-
jeelumma'aa fi wol qixxumma'aan bulcha'a.

## *Gorsa Dabalataa*

2 Waaqa jabaattanee galateeffatiisaan, adoo ad-
daan hin kutin daadimadha'a.
3 Akkasuma dhossaa Kiristoosii, ka ani marroo
isi'iitiif hidhamee jirulle lallabiisaaf akka dan-
deennu, Waaqi ergaa ifiitiif akka karaa nuu banu
daadimadha'a.
4 Anille akka maltetti ifa tolchee ergaa isaa akka
dubbadhu naaf daadimadha'a.
5 Yennaa daguu teete maratti fayyadamaa,
worra hin dhugeeffanne biratti qaroomaan le'a.
6 Nama tokko tokkoofuu deebii malte deebisi-
isa akka beettanu, haasonni keessan yennuma
maraa ka gurratti toluu fi ka akka sooddaa mi'awu
te'uu ti.
7 Tikiqoos, marroo waan kiyyaa waan mara
isinitti hin hima; inni tajaajilaa addatama'aa fi
lansa kiyya ka hujii Gootta'aa na woliin huju.

---

**3:25** Efe. 6:9 **4:1** Efe. 6:9 **4:5** Efe. 5:16

8 Akka inni marroo teenna isinitti himuu fi gad-
haa keessan jajjabeessuuf, isa gara keessan erge.
9 Isa wolille'een nama keessan ka te'e, ob-
boleessi addatama'aa fi jaalatamaan Oneesimoos
gara keessan hin dhufa; isaan waan asitti te'iisatti
jiru duudii isinitti hin himan.

10 Arisxaarkosiin na woliin hidhameeru
nageya isiniif dhaama. Durriin Baarnaabaasii
Maarqoosiin ani duraan, «Yennaa inni gara
keessan dhufe fudhadha'a jedhee isin
yaadachiiselle» nageya isiniif dhaama.
11 Yoshu'aan Yusxos jedhamulle nageya isiniif
erga; worra marroo mootummaa Waaqaatiif na
woliin huju keessaa, worri Yihudootaa kana qofa;
isaan analle jajjabeessaneeran.

12 Akkasuma Ephafraasiin nama keessan te'e,
tajaajilaan Kiristoos Yesuusii nageya isiniif erga;
jiruu ayyaanaatiin guddatiisaan jabaattanee,
akka dhaabbattanuu fi fedha Waaqaa mara
akka muummessitanu, inni yennaa mara isiniif
jabaatee daadimata.
13 Inni isinii fi worra qachoota
Laa'odiiqeya'aatii fi Heraapholisii keessa jiruuf
guddoo akka elowe aninuu dhugaa hin bayaaf.
14 Cidheessi jaalatamaan Luqaasii fi Deemaas
nageya isiniif dhaaman.

15 Obboleeyyan Laa'odiiqeyaa keessa jirtu Ni-
imfa'aa fi wolde'a kiristaanaa ka mana isi'iititti
wolitti qabamuuf nageya naa hima'a!

**4:8** Efe. 6:21-22 **4:9** Film. 10-12 **4:10** HuE. 19:29; 27:2; Film. 24; HuE. 12:12 **4:14** 2 Xim. 4:10-11; Film. 24

16 Xalayaa kana ifii dubbifattaneen duuba,
wolde'a kiristaanaa ka Laa'odiiqeyaa keessa jir-
ulle'etti akka dubbifamu godha'a. Isinille xalayaa
Laa'odiiqeyaa irraa ergamu dubbifadha'a.
17 Arkiphosille'een, «Hujii karaa Gootta'aatiin
fudhatte san akka muummessitu te'i» jedha'aa
naa hima'a.
18 Ani Phawuloos nageya kana harkuma
kiyyaan isiniif barreesse; akka ani wodaroo
sibiilaatiin hidhamee jiru yaadadha'a!
Badhaadhi Waaqaa isin woliin jiraatu.

**4:17** Film. 2

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e